# سُورَةُ الأَحْزَابِ
# Suuraa Ahgzaab

ab} je'amti "

*Isiin suuraa madiina'aati .. وهي مدنية

* Aayaanni isi'ii torbaatamii sadii وآياتها ثلاث وسبعون

*Lakkooysi isi'ii soddomii sadii {33} وترتيبها ثلاث وثلاثون ( ٣٣ )

*Isiin eega {Aali kgimraanii} buute نزلت بعد سورة آل عمران

*Jalqabni dubbi'ii maqaa rabbiitii , بِسْمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحْمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

*Yaa ergamaa kiyya muhammad rabbi sodaatuu itti futi, siitii ummanni keetilleen يَٰٓأَيُّهَا ٱلنَّبِيُّ ٱتَّقِ ٱللَّهَ

*Warra dirree bayee rabbii moromu, dubbii isaanii hin dhagayin, waan shari'aa teetin wal dhabu keessatti isaan hin dhu go'oomsin, وَلَا تُطِعِ ٱلْكَٰفِرِينَ

*Munaatiqa, warra afaanin islaamaa kan gara'aan rabbi moromu, hin dhagayin , وَٱلْمُنَٰفِقِينَ

*Rabbiin kan waan argame mara, odoo wanni sun hin ergamin beekhu إِنَّ ٱللَّهَ كَانَ عَلِيمًا

1}*Kan waan uumu hunda keessatti hikmaa qabu , حَكِيمًا ١

*Waan rabbirraa sii dhufe, kan inni sirratti buuse jala deemi, sun qur'aanaa , وَٱتَّبِعْ مَا يُوحَىٰٓ إِلَيْكَ مِن رَّبِّكَ

2} *Rabbiin waan isin dalaydan hunda beekhaa . إِنَّ ٱللَّهَ كَانَ بِمَا تَعْمَلُونَ خَبِيرًا ٢

*Dubbii tee hunda keessatti, rabbitti irkadhu, وَتَوَكَّلْ عَلَى ٱللَّهِ

3} *Siifii ummata kee tiysu'uuf.rabbiin ni gayaa . وَكَفَىٰ بِٱللَّهِ وَكِيلًا ٣

*Rabbiin nama tokkoof hin uumne مَّا جَعَلَ ٱللَّهُ لِرَجُلٍ

*Qalbii lama qaamaa isaa keessatti wanni rabbiin aayata tana buusef, nama tokkootu مِّن قَلْبَيْنِ فِي جَوْفِهِۦ

kuffaararraa ,aylii lama taaylii muhammad caaltun qabaa ,tanaafan waa takka hin irraanfanne je'e, duuba kuffaarri ni dhugo'oomse, gaaf tokko kuffaarri wa-

nni arge, namicha akkas je'u san, kan kophee tokko kayatee takka harkatti qabatee karaa dheeraa deemu, duuba maaltu argamee, kophee takka harkattiin deemta jennaanin, an miiluma kiyyarra jirti'iifin taa'aje'ee kaayate, achirraa akka inni qalbii lama hin qabne beekkan, wanni rabbiin, onnee lama, qaama tokko keessatti hin uuminiif, rabbiitu beekhaa, onneen motoora qaamati isaatu qaama hunda dalaysiisaa, odoo motoorri lama tayee qaamni kam dhagayee dalaga? motoora lamaanirraa kamtu kaan dalaysiisa,

| | |
|---|---|
| *Rabbiin beera keessan, tan irraa kakattanii ati akka haadha tiyyaatii,sii bira hin gayu , si wajji hin rafu, jettaniin haadha teessan hin goone, haati teessan tanuma isin dhaltee, arabni islaama dura yoo jaartii isaatin,ati akka dudda haadha tiyyaati je'e,irratti haraamoyte, akki, sun, isaan biratti hiikka'aa, ammoo akka heera islaamatti akkas jechuun kaffaaraa yookaa yakka nama qabsiisa malee, hiikka'aa miti , heerri kunnuuf dhufu'uu taa'aa , waan rabbiin nuu dubbatu'uu j iraatu keessatti | وَمَا جَعَلَ أَزْوَٰجَكُمُ ٱلَّٰٓـِٔى تُظَٰهِرُونَ مِنْهُنَّ أُمَّهَٰتِكُمْ |
| *Ammas rabbiin ilmoo nama biraa, tan isin moggaafattan akka ilmoo teessan tan dhuga'aa hin goone. waa hunda keessatti . | وَمَا جَعَلَ أَدْعِيَآءَكُمْ أَبْنَآءَكُمْ |
| *Sun waan isin afaan keessaniin jettan, waan rabbi in je'ee mitii, wanni rabbiin je'u : ilmi namaa ilma keessan hin tayu, | ذَٰلِكُمْ قَوْلُكُم بِأَفْوَٰهِكُمْ |
| *Rabbiin haqa je'e , | وَٱللَّهُ يَقُولُ ٱلْحَقَّ |
| 4}*Rabbiitu karaa qajeelaa nama beysisaa | وَهُوَ يَهْدِى ٱلسَّبِيلَ ﴿٤﴾ |
| *llmaan namaa abbootuma isaanitiin yaamaa, | ٱدْعُوهُمْ لِءَابَآئِهِمْ |
| *Santu rabbi biratti karaa qajeeja'aa, | هُوَ أَقْسَطُ عِندَ ٱللَّهِ |
| *Yoo abbootii isaanii hin beekin , | فَإِن لَّمْ تَعْلَمُوٓا۟ ءَابَآءَهُمْ |
| *Obboleeyan keessan,kan diinaadhatii , oboJumma'aan yaamaa, obboleessoo je'aadhaa | فَإِخْوَٰنُكُمْ فِى ٱلدِّينِ |
| *Ammallee isaan aanaa keessanii maqaa aana'aatin yaamaa, yaa ilma adeeraa je'aadhaa, | وَمَوَٰلِيكُمْ |
| *Dilii hin qabdan ,, | وَلَيْسَ عَلَيْكُمْ جُنَاحٌ |
| *Waan dagattanii jettan keessatti, eegurna irraa dhoowwamtanii , | فِيمَآ أَخْطَأْتُم بِهِۦ |

وَلَٰكِن مَّا تَعَمَّدَتْ قُلُوبُكُمْ

*Haa tayuu waan beekha'aa jettan keessatti ni yakkamtan ni qabamtan,

وَكَانَ اللَّهُ غَفُورًا رَّحِيمًا ﴿٥﴾

5}*Rabbiin waan odoo irraa hin dhowwamin dalaydan isiniif araaramaa, rahgmata isinii godha, aayaanni tun wanni buutef nabi muhammaddu intala namni tokko kan {zeydi} je'amu hiikhe,fuudhe, intala tana, maqaan isi'ii {zeynab} namicha kana nabi muhammaddu ilma godhate ,hanga zeydii muhammad je'amee beekk ametti, duuba nabiin intala inni hiike fuunan, yahuuda'aafii, munaafiqo onni, muhammad jaartii ilmi isaa hiikhe fuudhe je'anii hamatan, hoggaa san rabbiin isaanirratti deebisee, ilmoon marchumaa heera hunda kee ssatti akka ilmoo godeedatii mitii, ibse .

النَّبِيُّ أَوْلَىٰ بِالْمُؤْمِنِينَ مِنْ أَنفُسِهِمْ

*Nabbiyyiin rabbi, Muhammad nageenyi isarratti haa jiraatuu, isaatu lubbuu mu`minarra mu'minatti aana, haqa nabiitu haqa lubbuu isarra, haqa joollee, beera, horii isarra jabaadha, yoo nab seen tee wahitti si yaamtee nabi Muhammad wahitti si yaame . tee dhiifteti ta nabii qabatta maalif wanni nabi Muhammad jeu waan Rabbiin je`i je'uunii waan if biraa , jaalala nab see isarraa kaasee je'uu miti.

وَأَزْوَاجُهُ أُمَّهَاتُهُمْ

*Beerri Nabi Muhammad murninaaf akka haadhati isii fuudhun, haraam tayu'uufii kabajuu , keessatti laalu'uufii waan kana fakkaatu keessatti mitii. san keessatti akka alaga' aatii .

وَأُولُو الْأَرْحَامِ بَعْضُهُمْ أَوْلَىٰ بِبَعْضٍ

*Rahimni,aanan wal dhadhaaluuutu.gariin isaanii garii isaanii dhaaluuutu alagaan dhaatu'urra caala hijraaan wal dhaalu'urra . caala

فِي كِتَابِ اللَّهِ

*Shari'aa Rabbii , diin isaa keessatti

مِنَ الْمُؤْمِنِينَ وَالْمُهَاجِرِينَ

*Iimaanafii wajji godaanu 'uun wal dhaala`urra ummanni islaamaa gaafa dura makkarraa biyya biratti godaanan habashaa, madiinaa fa'atti warri wajji hijraa baye , diinin walii tumsu' uun ,wal dhaalan firummaaanii mitii ammoo ormi islaamaa heddorn maannan heerri sun ni dhaabbate duraanuu hangasitti haa deemuu jech aaatu kaayamee . eegasii namni , firumrnaaani akka walitti aanun wal dhaalan.

إِلَّا أَن تَفْعَلُوا إِلَىٰ أَوْلِيَائِكُم مَّعْرُوفًا

*Yoo nama alaga'aa kan obbolummaan

,aanaa wal godhatuun,isin jidduu jirtuuf tola ooltan malee, karaa dhaala hin tayiniin, sun akka horii kiyyarraa jaala kiyya abaluuf waa kennaa je'ee dhaarnu'uutii, duuba horii isaa bakka sadiyitti qoodaniiti harka tokkarraa waan inni dhaamef san, baasan, kan firaatu dhaala,

كَانَ ذَٰلِكَ

*Iimaanafii hijra'aan wal dhaalun dhaabbatee, firumma'aan wal dhaalun bakka isaa bu'uun ,

فِي ٱلۡكِتَٰبِ مَسۡطُورٗا ٦

6} * {Lawhgalmahgfuuz} keessatti katabamee dabre .,

وَإِذۡ أَخَذۡنَا مِنَ ٱلنَّبِيِّـۧنَ مِيثَٰقَهُمۡ

*Gaafa rabbiin baallama anbiyootarraa fudhe, dubbadhu, sun gaafa waan lubbuu namaa taye hunda, dudda aadam keessa baasee, an rabbii keessanii mitii je'eenii hundinuu eeyee jette,

وَمِنكَ وَمِن نُّوحٖ وَإِبۡرَٰهِيمَ وَمُوسَىٰ وَعِيسَى ٱبۡنِ مَرۡيَمَۖ

*Kan baallama san siifii, nuuhifii, ibraahiimifii ,muusa'aafii, iisaa ilma maryamirraa fuune. akka tokkummaa kiyya yaaddanii, na gabbartanii, amallee diinaa kiyyatti yaamtanii waJis dhugo'oomsitaniif

وَأَخَذۡنَا مِنۡهُم مِّيثَٰقًا غَلِيظٗا ٧

7} *Kan baallama sanirratti baalama biraa jabaa ulfaataa isinirraa fuune, ballamni duraa kakuundhan malee,kan lammeysa'aa khakhataniiti,akka waan if qabsiisan guutan, baallama seenanJarri shanan kun,anbiyoota keessaa warra obsaati je'ama, rabbiin an biyoota mararraa baallama fuudhee, wanni jara shan an kana maqaa dha yeef, darajaa yookaa kabajaa isaanii mul'isu'uufi .

لِّيَسۡـَٔلَ ٱلصَّٰدِقِينَ عَن صِدۡقِهِمۡۚ

*Wanni baa llama isaanirraa fuudhef akka

---

warra dhuga'aa, isaan anbiyootaa, dhugaa isaanirraa,diin ummatatti geessu'urraa, rabbiin guyyaa qiyaama'aa gaafatuufi, jannata isaan seensisu'uuf, akka kuffaaras gaafatee azaaba isaan seensisuuf,

وَأَعَدَّ لِلۡكَٰفِرِينَ عَذَابًا أَلِيمٗا ٨

8}*Rabbiin warra isatti kafareef azaaba isaan Jaalessu qopheessee jiraa .

يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ

*Yaa warra rabbitti amane, dhugo'oomse,

ٱذۡكُرُواْ نِعۡمَةَ ٱللَّهِ عَلَيۡكُمۡ

*Qananii rabbi in isiniin qananiise yaadadhaa,

إِذۡ جَآءَتۡكُمۡ جُنُودٞ

*Gaafa loJa{ khandaq } kan ashkarri kuffaaraa madiina'atti duulee,lafarra isin fixu-

'uuf, bakka hundaa isinitti waa yaamee, dhufee, madiina'atti isin marse, kan isin nama kum sadii qofaa ,kan kuffaarri kuma kudha lama gayu, kan akka taatan dhabdanii {kha ndaqa} qottanii ifitti marsitan, kan baatii takka achitti kuffaarri isin ma rsee, beeIan dhumuu geessanii, yaa rabbi nu dhaqabi jettan, kanan isinii akkasitti jiru, jibriil sitti ergee, shaamifii yamanillee, sharqillee fudhatu'uuf te essan je'ee si gammachiisee, ormi dhuga'aan mu'minaa, gammadee, ormi munaafiqaa qishnaa godhatee mu'minaafii munaafiqni addaan fooyaman, addaan beekkaman .

فَأَرۡسَلۡنَا عَلَيۡهِمۡ رِيحٗا وَجُنُودٗا لَّمۡ تَرَوۡهَاۚ *Duuba qayroo isin hin argin ta qilleensatii

---

fii,malaayka' aa,mu'm inaaf dirmannee gammachiifnee ,kaafiraafii munaafiqa caphsinee rifachiisu'uuf ergine, haa tayuu qilleensa malee malaaykan hin lolle,

وَكَانَ ٱللَّهُ بِمَا تَعۡمَلُونَ بَصِيرًا ﴿٩﴾ 9} *Rabbiin waan isin dalaydan ni beekha, ni arga ,rakkina isin rakkattan ni beeka.

إِذۡ جَآءُوكُم مِّن فَوۡقِكُمۡ * Gaafa kuffaarri karaa oliitin,isinitti dhufe,

وَمِنۡ أَسۡفَلَ مِنكُمۡ *Kan karaa jalaatinis, isinitti dhufe ,

وَإِذۡ زَاغَتِ ٱلۡأَبۡصَٰرُ *Gaafa ijji gara diinaa laaluu malee, isa eeguu malee, waan birarraa jallattee, laaluu dhiifte,

وَبَلَغَتِ ٱلۡقُلُوبُ ٱلۡحَنَاجِرَ *Kan sodaa keessa, qalbiin khokkee geesse

وَتَظُنُّونَ بِٱللَّهِ ٱلظُّنُونَا۠ ﴿١٠﴾ 10}*Kan yaada adda addaa Rabbitti yaaddan ormi mu'minaa rabbiin akkatti waan nun dhiisuu, nu mokkoru'uuf, dirmachuu isaa hangana nurraa tursiise malee, irmachuun isaa, kara jirtii yaada, ormi munaafiqaa, akkasuma warri iimaanni isaanii laafa'aa, rabbiin nuun dirmatuu dhumnee yaada ,

هُنَالِكَ ٱبۡتُلِيَ ٱلۡمُؤۡمِنُونَ *Mu'minni achitti mokkorame, kan dhuga'aan amane, kan iimaanni isaa jaba'aatifii, kaan adda fooyu'uu jecha ,

وَزُلۡزِلُواْ زِلۡزَالٗا شَدِيدٗا ﴿١١﴾ **11}*** Achitti sosso'iinsa jabaa sosso'an, sodaan jabaatu'urraa .

وَإِذۡ يَقُولُ ٱلۡمُنَٰفِقُونَ *Gaafa munaafiqoonni warri afaanin islaamaa, kan gara'aan kaafiraa je'u:

وَٱلَّذِينَ فِي قُلُوبِهِم مَّرَضٌ * Ammallee gaafa warri dhukkubni qalbii keessa jiru je'u, isaan warra iimaanni isaanii laafa'aatii,wanni Munaafiqaafii isaan je'an .

مَّا وَعَدَنَا ٱللَّهُ وَرَسُولُهُۥٓ إِلَّا غُرُورٗا ﴿١٢﴾

**12}***Rabbiifii rassuulli isaa tumsa Rabbirraa argattan je'aniiti.kijibaan baallama nuu seenan malee,dhuga'aa miti je'an.wanni ormi munaafiqaa ida'e muha mmad shaamifii yaman qabatu'uu teessan je'eeti nutti kijiba je'an.rnaalif gaafas odoo khandaqa qot u'utti jiranuu dhagaan guddaan dachii jalaan baye kan isa cabsan malee khandaqni hin qotamne, kan itti wal gayanii cabsu'uuf jaatanii godhanii, sibiila harkatti caccabse, kan yoo isa cabsuu baatan, diinni karaa saniin itti dhufu hoggaa san nabi muhammaditti iyyatan,duuba ka'eeti nabi muhammad khandaqa bu'ee madoosha kennaa je'eenii dhaye, hoggaa dhayu dhagaan caphee , ifaan irraa utaale madiinaa ibsem, akka faanusaa mana akkan dukkana keessa jirutti, hoggaa san nabi muhammad {allaahu akbar} je'ee ashkarri islaamaa wajji allaahu akbar je'e, ammas lammeysaa dhooynan, akkasumatti caphee ifaan irraa bayee nabi Muhammad allaahu akbar je'ee ormi islaamatis allaahu akbar wajji je'e .. ammas sadeessaa dhooynan, dhagaan hurraayee ifaan bayee nabi muhammad {allaahu akbar} je'ee ashkarrinis wajjiin {allaahu akbar} je'e. duuba asaabonni ifaan nuti garre sun maali jennaanin? nabiin akki je'e , ifaan dura baye biyya faaris na garsiisee, kan lammeysa'aa biyya shaam na garsiisee .kan sadeysa'aa biyya yaman na garsiisee hoggaa san jibriil dhufee ummanni kee biyya tan hunda qabata naan je'e je'een, hoggaa san ormi islaamaa gammade, ommoo munaafiqoonni akki je'e asittuu soda'aaf udaan hoguu sodaannee, muhammad biyya biraati fudhanna jeee nu abdachiisaa? je'anii qishnaa godhan, gaafa san waan madiinaa hin tayin, bitti sun hundi biyya kaafiraati, tanaaf ormi munaafiqaa wanni rabbiifii rassuulli isaa nu abdachiise kijiba je'an, waan fagoo seyanii ,

وَإِذۡ قَالَت طَّآئِفَةٞ مِّنۡهُمۡ

*Ammas tuutti takka orma munaafiqa rraa wanni jetta, bakka khandaqaa sanitti, khandaqni gandarraa xiqqo fogo'oo bakka amma {masjidussab'aa} je'aniinii, namni madiinaa dhaqe ni beekhaa, wanni tuutti sun jette:

يَٰٓأَهۡلَ يَثۡرِبَ

*Yaa warra madiina'aa { YATHRIB }maqaa namicha tokko kan ummata iramirraa taye, kan dura dursoo achi qubateetii duraan maqaa madiina'aa {yathrib} je'amaa eegasii madiina'atti jirjiirame.

لَا مُقَامَ لَكُمۡ

*Bakka tana taa'un isiniif hin toluu,

فَٱرۡجِعُواْۚ

*Mana keessanitti, mandara madiina'atti, deebi'aa. as hin taa'ina'aa, ni dhumtanii je'aniin,

وَيَسْتَـْٔذِنُ فَرِيقٌ مِّنْهُمُ ٱلنَّبِىَّ

*Duuba gariin isaanii akka deebi'an iznii nabi muhammadirraa barbaadan

يَقُولُونَ إِنَّ بُيُوتَنَا عَوْرَةٌ

*Wanni isaan je'anii nabi khadhatan, man-neen keenya hadiyyo'oo, umnaa, diina irraa sodaanna gad nu dhiisi je'aniin,

وَمَا هِىَ بِعَوْرَةٍ

*Duuba rabbiin akki je'e isaan kijibsiisu'u-ufmanni isaanii, waa hadiyyo'oo miti

إِن يُرِيدُونَ إِلَّا فِرَارًا ﴿١٣﴾

**13}** *Isaan lolarraa dheysuu fedhan malee waan biraa hin fedhan yookaa hin yaadan

وَلَوْ دُخِلَتْ عَلَيْهِم مِّنْ أَقْطَارِهَا

*Odoo diinni madiinaa mandara isaanii itti seenee,

ثُمَّ سُئِلُوا۟ ٱلْفِتْنَةَ

*Fitnaan yookaa rabbitti kafaruun amma-llee orma islaamatiin loluun isaanirra barb-aadamee, diinni sun rabbitti kafara 'aa nabi muhammadiifii ashkara islaam atiin lolaa je'ee ,

لَءَاتَوْهَا

*Silaa waan diinni irra barbaade ni kenn-aniifi waan diinni je'u ni dalagan rabbitti kafaranii islaaman lolanii ,

وَمَا تَلَبَّثُوا۟ بِهَآ إِلَّا يَسِيرًا ﴿١٤﴾

14}*Silaa odoo sun argamee zamana xiq-qaa malee madiinaa keessa hin taa'an, rab-biin lafarraa isaan fixaa, rnakgnaan kanaa odoo kuffaarri madiinaa seenee, or-mi munaafiqaa kun islaamarraa deebi'ee, islaaman lolanii silaa rabbiin dafeeti lafarraan isa an fixa , takkaa makgnaan isaa yoo orma munaafiqaatin kafaraa je'ame, irraan dhaabbatanii dafaniiti kafaran jechu'u .

وَلَقَدْ كَانُوا۟ عَـٰهَدُوا۟ ٱللَّهَ مِن قَبْلُ

*Ormi munaafiqaa sun rabbiif baallama eenanii jiran. odoo Iolli kun hin tayin,

لَا يُوَلُّونَ ٱلْأَدْبَـٰرَ

*Lolarraa if duuba hin deebinuu je'anii,

وَكَانَ عَهْدُ ٱللَّهِ مَسْـُٔولًا ﴿١٥﴾

15}*Baallamni rabbii,baallama guutu'uraa gaafatamanii, haatayuu isaan ni diigan.

قُل لَّن يَنفَعَكُمُ ٱلْفِرَارُ

*Wanni ormi munaafiqaatin jettu dheefni isin hin fayyadu, umrii isin hin dheeressu,

إِن فَرَرْتُم مِّنَ ٱلْمَوْتِ أَوِ ٱلْقَتْلِ

*Yoo du'aafii ajjeecha'arra dheeysitan ,

وَإِذًا

*Yoo dheeysitanii, waa xiqqo isin fayyade,

لَّا تُمَتَّعُونَ إِلَّا قَلِيلًا ﴿١٦﴾

16}*Waa xiqqo malee addunyaa tana kees-satti haftanii hin qananiitan duuti hoggaa

umriin teessan dhumte isinitti dhuftii, namni du'a oolu hin jiruu .

قُلْ مَن ذَا ٱلَّذِى يَعْصِمُكُم مِّنَ ٱللَّهِ

*Eenyu namni rabbi, isinirraa dhoowwu? takkaa irraa nagaya isin baasu ,

إِنْ أَرَادَ بِكُمْ سُوٓءًا

*Yoo isin balleessuu yookaa hamtuu isinitti buusun fedhe ,

أَوْ أَرَادَ بِكُمْ رَحْمَةً ۚ

*Takkaa rahgmata isinii godhuu fedhee isin fixuu baatee,isin hambise? eenyutu waan inni dalaguu fedherraa, isa dhoo wwa? eenyutu rahgmata isinii godhuu isa dhoowwa? ji'iin ,

وَلَا يَجِدُونَ لَهُم مِّن دُونِ ٱللَّهِ وَلِيًّا

*Isaan rabbi achitti hin argatan aanaa, nama isaan fayyadu,

وَلَا نَصِيرًا ١٧

17}*Ammallee nama isaanii tumsee, dararaa isaanirraa deebisu hin argatan .

۞ قَدْ يَعْلَمُ ٱللَّهُ ٱلْمُعَوِّقِينَ مِنكُمْ

*Warra isinirraa hamilee nama cabsee, lolarraa nama dhoowwu, rabbiin dhuga'aan beekha ,

وَٱلْقَآئِلِينَ لِإِخْوَٰنِهِمْ

*Kanneen obboleeyan isaanii kuffaaran je'anis ni beekha, warri je'u yahuuda'aa, kan je'aniin munaafiqaa wanni je'aniin:

هَلُمَّ إِلَيْنَا ۖ

*Muhammadiin wajji loluu dhiisa'aa gama keenya koottaa,

وَلَا يَأْتُونَ ٱلْبَأْسَ إِلَّا قَلِيلًا ١٨

18}*Ormi munaafiqaa,kan yahuudan akkas jettuun sun haa na arganiidhaf ma lee, lola hin dhufan, nama garsiifatu'uuf, haa namni nu dhagayuuf, lola dhufan ,

أَشِحَّةً عَلَيْكُمْ ۖ

*Gargaarsa isaanii isinii godhuu dhabu'uuf,

فَإِذَا جَآءَ ٱلْخَوْفُ

*Duuba hoggaa lolli dhufe,

رَأَيْتَهُمْ يَنظُرُونَ إِلَيْكَ تَدُورُ أَعْيُنُهُمْ

*Orma munaafiqaa kanneen si laalan garta, isaanii Wi isaanii naannoytu ,

كَٱلَّذِى يُغْشَىٰ عَلَيْهِ مِنَ ٱلْمَوْتِ ۖ

*Akka namni du'atti jiru waa laalutti si laalan, takkaa ijji isaanii akka ija nama du'atti jirutti, naannoyti,

فَإِذَا ذَهَبَ ٱلْخَوْفُ

*Duuba hoggaa lolli dhumee , wanni boojiyame qoodamu'utti seenta,

| | |
|---|---|
| *Isin tuqan, isin dhawan, isin qalan, | سَلَقُوكُم |
| *Arraba akka habale'etti qaraatin, nuu kenna, isin nurra haqan godhattanii, nutis akkuma keessanitti lola dhufuee je'an | بِأَلۡسِنَةٍ حِدَادٍ |
| *Isaanii, kheyrii isinirraa dhoowwu, isaanii waan boojiyamerratti isin qorqodu, isaan kan hoggaa lolaa fereessaa hoggaa waa fudhatu'uu gameessa, | أَشِحَّةً عَلَى ٱلۡخَيۡرِۚ |
| * Jarri sun dhuga'aan hin amanne, | أُوْلَٰٓئِكَ لَمۡ يُؤۡمِنُواْ |
| *Tanaaf rabbii dalagaa isaanii duraa belleesse, akka bade mul'ise, sawaaba isi'ii hin argatan, waan gara'aan ka afira tayaniif, sharxiin dalaga'arratti sawaaba argataniin namichi dalagu iimaana qabaatu'uu, | فَأَحۡبَطَ ٱللَّهُ أَعۡمَٰلَهُمۡۚ |
| **19}** *Dalagaa munaafiqaa duraa balleessun rabbirratti laaftu'uu. | وَكَانَ ذَٰلِكَ عَلَى ٱللَّهِ يَسِيرٗا ١٩ |
| *Ormi munaafiqaa sun, warra nabiin lolu'uu dhufe baqate, yookaa dheyse san, qureyshi'iifii, ghaxafaanii, yahuudaa waan hin dabrin seyan, waan biyya isaanitti gal an dabrin seyan, sodaa keessa, waan madiina'atti as deebi'anii isaan fixan seyan, | يَحۡسَبُونَ ٱلۡأَحۡزَابَ لَمۡ يَذۡهَبُواْۖ |
| *Yoo duulli sun lammada deebi'e. | وَإِن يَأۡتِ ٱلۡأَحۡزَابُ |
| *Ni hawan ni fedhan , | يَوَدُّواْ |
| *Odoo biyya badanii, baadiyaa dhaqa nu taa anu, | لَوۡ أَنَّهُم بَادُونَ فِي ٱلۡأَعۡرَابِ |
| *Odoo teessan waan isiniifii warri isinitti duule wal gootan, odeeffatanii fedhan | يَسۡـَٔلُونَ عَنۡ أَنۢبَآئِكُمۡۖ |
| *Isaan odoo biyya jiraatanii kuffaarri isinitti deebi'ee, isiniin wajji jiraatanii, | وَلَوۡ كَانُواْ فِيكُم |
| 20}*Waa xiqqo malee isiniin wajji hin lolan, sodaa keessa, takkaa namni haa nu argu'uuf lolan malee, rabbii je'anii hin lolan, namaatu lolarraa oolan je'ee, nu jajjaba'aafi, lola seenan malee, gara'aan hin lolan . | مَّا قَٰتَلُوٓاْ إِلَّا قَلِيلٗا ٢٠ |
| *Wanni jala deemtanii, qabattan ,gaarin ad- | لَّقَدۡ كَانَ لَكُمۡ فِي رَسُولِ ٱللَّهِ أُسۡوَةٌ حَسَنَةٞ |

dunaaa qabattan, gaarin, addunya'aa aakhiraa isin fayyaddu rassuula rabbi keessan, isiniif jiraa, dalagaa teessan hunda, namni isin irratti lallaattan nabi muhammadi,

لِّمَن كَانَ يَرْجُواْ ٱللَّهَ

*Nama rabbi sodaatuf,

وَٱلْيَوْمَ ٱلْأٓخِرَ

*Nama guyyaa qiyaama'aa dhugo'oomsuf,

وَذَكَرَ ٱللَّهَ كَثِيرًا ﴿٢١﴾

21}*Kan rabbi isaa heddomeysee zakkam, gosa zikri'ii, ta taatinuu haa taatuu qur`aanaa qara'uu tayuu, salaat alannabii tayuu, salaata tayuu zikrii biraa tayuu, qalbi'iin tayuu, arrabaafii qalbi'iin tayu ... namni rabbi sodaatu kan guyyaa qiyaama'aa sodaatu, kan zikrii rabbii heddomeysu, isa kan nabi muhammaditti hedhatee, jala deeme.

وَلَمَّا رَءَا ٱلْمُؤْمِنُونَ ٱلْأَحْزَابَ

* Ashkarri nabi muhammad warri dhug a'aan amane, hoggaa kuffaara biyya hundaa itti wal yaame argan,

قَالُواْ هَٰذَا مَا وَعَدَنَا ٱللَّهُ وَرَسُولُهُۥ

*Wanni je'an kuffaarri kun nutti duulun nuu tumee nuu tum see isaanirraa rabbiin nu aansun, waan rabbiifii ras suulli baallama nuu seene,nabi muhammad hoggaa dhagaa khandaqa keessan baye ,hoggaa sadii dhayee, ifaan irraa hanga'ee, shaamifii, faaris garsiisu asaabota isaatin ni mooyattanii gammadaa je'e duuba hoggaa kuffaara ijaan argan: kana wanni rabbiifii nabi muhammad nuun gammachiise, je'an,

وَصَدَقَ ٱللَّهُ وَرَسُولُهُۥۚ

*Baallamni rabbiifii ergamaa isaa dhuga'aa

وَمَا زَادَهُمْ إِلَّآ إِيمَٰنًا وَتَسْلِيمًا ﴿٢٢﴾

22}*Baallamni rabbiin seenef, kan nabi isaanii odeesse sun, iimaana malee, dubbii qeebaluu malee waan biraa isaanii hin idaane.

مِّنَ ٱلْمُؤْمِنِينَ رِجَالٌ صَدَقُواْ مَا عَٰهَدُواْ ٱللَّهَ عَلَيْهِ

*Ormi mu'minarraa, dhiira waan rabbiif baallama seente yoo lola seenne hanga duunitti ni lolla je'anii if wareegan baallama san guutanii dhugo'oornsantu jira

فَمِنْهُم مَّن قَضَىٰ نَحْبَهُۥ

*Duuba isaanirraa nama jihaada keessatti du'ee, baallama isaa guutetu jira,

وَمِنْهُم مَّن يَنتَظِرُ

*Ammas nama isaanirraa, kama Rabbii keessatti du'uu eeggatuutu jira karaan rabbii, diin keeti, horii keeti, gurra keeti, duuba nama kanaaje'ee du'uu eeggatuutu jiraa,

وَمَا بَدَّلُوا۟ تَبْدِيلًا ﴿٢٣﴾ 23}*Isaan baallama ifii hin deyn, hin jirjiire, isaan akka munaafiqaatii miti .

لِّيَجْزِىَ ٱللَّهُ ٱلصَّـٰدِقِينَ بِصِدْقِهِمْ *Akka rabbiin warra dhuga'aa, dhugaa isanitiin sawaaba isaanii kennuuf jecha

وَيُعَذِّبَ ٱلْمُنَـٰفِقِينَ إِن شَآءَ *Akka yoo fedhe rnunaafiqa azaabufi isaanii munaafiqaa ajjeesee ,

أَوْ يَتُوبَ عَلَيْهِمْ *Takkaa nama isaanirraa towbateef araaramuufi,

إِنَّ ٱللَّهَ كَانَ غَفُورًا *Rabbiin kan namaaf araaramuu ,

رَّحِيمًا ﴿٢٤﴾ **24}** *Kan rahgmata namaa gadhu, karaa gaarii nama qunnamsiisu'uun.

وَرَدَّ ٱللَّهُ ٱلَّذِينَ كَفَرُوا۟ *Kuffaara madiina'atti duule san rabbiin ni deebise,

بِغَيْظِهِمْ *Aaran wajji deebise, isaanii aara qabu,

لَمْ يَنَالُوا۟ خَيْرًا *Waa takka waan gaarii hin argannee, odoo waan dhufaniif argatanii aaran bayin deebi'an, rabbiin isaan deebise ,

وَكَفَى ٱللَّهُ ٱلْمُؤْمِنِينَ ٱلْقِتَالَ * Akkasitti rabbiin sharri lolaa orma mu'minarraa qabe,qilleensafii malaaykaa kuffaratti ergee cabsee, kan orma islaamatiifii kuffaara jiddu'utti lolli jabaan hin argamin, khandaqa gub ba'aan, xiyyaan wal darbatuu taatu malee, maalif odoo akkasitti wal darbatanuu guyyaan diiddamii afur dabree, duuba halkan tokko rabbiin malaaykaa kuma tokko ergee, bakka kuffaarri qubate, dheyxee, sharaa isaanirraa haada cirtee,rabbiin qilleensa qabbanaayaa halkan dukkana itti ergee .sharaa isaanitiifii, miya isaanii buqqisee.waliin dhayee.darbee, kan malaaykan sodaachisu'uuf {allaahu akbar} jettu, duuba ka'eeti, kuffaarri walitti lallabee, dheysanii biyya isaanitti, kan waan dhufaniif hin argatin, gala dabran ,

وَكَانَ ٱللَّهُ قَوِيًّا *Rabbiin jabaa waan fedhe.waytii fedhe, argamsiisuu dandayuu,

عَزِيزًا ﴿٢٥﴾ 25}*Kan waan fedhe dalagu ,kan injifatuu malee wanni isa injifatu hin jirre.

وَأَنزَلَ ٱلَّذِينَ ظَـٰهَرُوهُم مِّنْ أَهْلِ ٱلْكِتَـٰبِ *Rabbiin orma yahuuda'aa kan {banii qureyzaa} jearnu kan madiinaa taa'an, kanneen nabitti baallama diiganii kuffaara isatti duulen wajji dhaabbatan jara san buusee jira

مِن صَيَاصِيهِمْ *Mishigii isaanirraa ,

وَقَذَفَ فِي قُلُوبِهِمُ ٱلرُّعۡبَ
*Qalbii isaanitti sodaa darbee ,

فَرِيقٗا تَقۡتُلُونَ
*Kan garii orma yahuuda'aa san ,ajjeefran, isaan warra lolu kan nama dhibba torba gayuu ,

وَتَأۡسِرُونَ فَرِيقٗا ٢٦
26} *Kan garii isaanii boojitan, sun jool-Ie'eefii beeraa isaanitii .

وَأَوۡرَثَكُمۡ أَرۡضَهُمۡ
* Akkasitti rabbiin dachii isaanii dhaalchise

وَدِيَٰرَهُمۡ
*Manneen isaanitis .

وَأَمۡوَٰلَهُمۡ
*Horii isaanitis,

وَأَرۡضٗا لَّمۡ تَطَـُٔوهَاۚ
*Lafa birallee,tan takkaa isin irran dhaabbatin tan ganaa fudhatu'uu teessan, tan akka biyya {kheybar} tan biyya tan booda qabatan,

وَكَانَ ٱللَّهُ عَلَىٰ كُلِّ شَيۡءٖ قَدِيرٗا ٢٧
27} *Rabbiin kan waa hunda dandayu ummanru, qureyzaa jeamu, anna muhammed fixe sun ,biyya madiina'aa gama tokkoon qubatan, nabi muhammad, duulli biyya hunda madiina'atti duulu'uu deemaa dhageenyan, orma yahuuda'aa kana yamanii if mariyataniinii, isin gama keessaniin diinni nuttin seenin je'anii kanarratti baallama walii seenan, haa tayuu ni diigan malee duuba nabi muhammad nama itti ergee baallama ni diiydanii je'ee gaafannaan eeyee diiyne je'anii, jara nabiin erge arrabsan, duuba ergaan dhuftee waan ormi yahu uda'aa je'e nabi muhammaditti himnaan, nabi muhammad {allaahu akbar} gammadaa yaa ummata islaamaa je'e, duuba hoggaa ashkarri kuffaaraa dheysee ,biyya isaanitti dabran, orrni mu'minaa rnadiina'atti deebi'anii hiikkatan, duuba nabi muhammad kan mana isaa see nee warri isaanii mataa isaanii dhiquu jalqabee ,cinaa tokko irraa dhiyxuJibriiI dhufee, yaa ergamaa rabbii ni hiikkattee je'een? eeyee, jenaanin malaaykan hin hiikkanne je'ee wanni je'een dafa'aa orma yahuuda'aa kan baallama sitti diige sanitti qajeelaaje'een, hoggaa san nabi, Muhammed asaaba isaatin,asrii ganda yahuudaa sanitti malee hin salaatinaa je'ee, waytiin asri'ii dhaqanii ganda san marsan, haa tayuu gibbii jabduu, go jolli jabaan, itti marsu keessa jiranii, gad bayanii harka kennuu didan, kan guyyaa diiddarnii shan marfamanii laafan, kan soda'aaf oolanii bu luu dadhaban, duuba nabi muhammad itti lallabee waanin an isitti muru jaalattuu je'een , hin jaalannu je'an, waan {sa'di} isinitti muru jaalattuu je'een,{sa'di} mata gosa arabaata {owsi} je'amtuutii ammalleejaala isaanitii, eeyee ni jaalanna je'an,akkasitti harka kennanii, {sa'diin} waan fe ete nutti muri je'aniin, duuba {sa'di ilma mu'-aaz} wanni itti mure waan isaan waytii hamtuu nu qananif ,dhiirti lolaa hundi

ajjeefamuu ,dhala'aafii, joolle'eefii, horiin isaanii, boojiyamuu, hoggaa san nabiin Muhammad dhugumaan murtii rabbiin itti muree dabarse, isaanitti murte je'een, akkasitti jazaa isaan nabi khadda'an argatan, silaa rabbiitu gargaare rnalee ormi islaamaa tokko lafarrattin hafuu, kun waan dandeytii rabbii mul'isu, kan rabbiin islaama gargaaruu nu garsiisu

يَٰٓأَيُّهَا ٱلنَّبِيُّ *Yaa ergamaa kiyya muhammad, ,

قُل لِّأَزْوَٰجِكَ *Beera keetin akki jettu,yookaa ji'i , isa an nama sagalii.isaan. kgaa'ishaa abiibakrii hgafsgaa umar ,meymuunaa hgaaris, sgafiyyaa hguyayyii,hindii yookaa ummu salamaa abii umayya'aa, zeynabaa jahgshii, juweyriyyaa hgaaris, ramIaa yookaa ummu hgabiibaa abii sufyaan, sowdaa zamkgaadhati,duuba beerri saylan kun{ kgaa'ishaa, hgafsgaa, meymuunaa, sgafiyyaa, hindi, zeynab, juweyriyyaa, ramlaa, sowdan, qallaba akka warra moototaa takkaa, faaya addunya'aa nabi muhammadirraa barbaannan, waan inni harkaan qabne, rabbiin nabiyyicha isaatin akki je'e: wanni beera keetin jettu :

إِن كُنتُنَّ تُرِدْنَ ٱلْحَيَوٰةَ ٱلدُّنْيَا *Yoo kan addunyaa tanaan qanani'uu jaaIattan taatan yookaa barbaaddan .

وَزِينَتَهَا *Yoo faaya addunya'aatin boonuu kan feetan taatan, yon rabbiifii rassuularra addunyaa maraxattan,

فَتَعَالَيْنَ *Koottaa, himadhaa waan feetan,

أُمَتِّعْكُنَّ *Horii namni hiikkame qabu , yookaa haqa godhatu, isinii kenneetan,

وَأُسَرِّحْكُنَّ *lsin hiikaa, isin gad dhiisaa

سَرَاحًا جَمِيلًا ﴿٢٨﴾ 28}*Hiikkaa gaarii, miidhayduu, isin cinquun, isin dhibuun, keessan jirre, afaan nagayaatin,

وَإِن كُنتُنَّ تُرِدْنَ ٱللَّهَ وَرَسُولَهُۥ *Yoommoo kan rabbiifii rassuula isaa filattan, yookaa maraxattan taatan ,

وَٱلدَّارَ ٱلْءَاخِرَةَ *Ammallee mana aakhira'aa, jannata filattan

فَإِنَّ ٱللَّهَ أَعَدَّ *Rabbiin qopheysee jira ,

لِلْمُحْسِنَٰتِ مِنكُنَّ أَجْرًا عَظِيمًا ﴿٢٩﴾ 29} *Nama isinirraa aakhiraa filateef .sawaaba guddaa, sun jannataa, duuba beerri nabii hundinuu, aakhiraa maraxate, yookaa filate,

يَٰنِسَآءَ ٱلنَّبِيِّ
*Yaa beera ergamaa rabbii muhammad,

مَن يَأۡتِ مِنكُنَّ بِفَٰحِشَةٖ مُّبَيِّنَةٖ
*Namni isinirraa dilii yookaa cubbuu mul'attuu dalage , takkaa dhufeen ,

يُضَٰعَفۡ لَهَا ٱلۡعَذَابُ ضِعۡفَيۡنِۚ
* Azaabni addunya'aatifii, kan aakhira'aa dachaa isi'iif godhama, harka lama qixa-axarnti, yon dilooyte ,

وَكَانَ ذَٰلِكَ عَلَى ٱللَّهِ يَسِيرٗا ٣٠
30}*Sun rabbirratti laafaa, namni kun darajaa qaba'aaf warra nabiiti jecha'aaf hin dhiisu, hin maaru .

۞ وَمَن يَقۡنُتۡ مِنكُنَّ لِلَّهِ وَرَسُولِهِۦ
*Namni isinirraa Rabbiifii rasuula isaa dhagayee,

وَتَعۡمَلۡ صَٰلِحٗا
*Waan gaarii dalagu'utti jabaate,

نُّؤۡتِهَآ أَجۡرَهَا مَرَّتَيۡنِ
*Sawaaba beera birarra caalchifnee dacha goonee isi'ii kennina,

وَأَعۡتَدۡنَا لَهَا رِزۡقٗا كَرِيمٗا ٣١
31}* Ammas jannata keessatti idaanefii rizqii gaarii kenninaaf.

يَٰنِسَآءَ ٱلنَّبِيِّ لَسۡتُنَّ كَأَحَدٖ مِّنَ ٱلنِّسَآءِۚ
*Yaa beera ergamaa Rabbii , isin akka beera biraatii miti , akka isaanii hin taatan

إِنِ ٱتَّقَيۡتُنَّ
*Yoo Rabbi sodaattan . gaafas isintu beera hundarra caala .

فَلَا تَخۡضَعۡنَ بِٱلۡقَوۡلِ
*Tanaaf jecha dubbii laaftuu, qalbii dhiiraa fuutun , dhiira hin dubbisinaa

فَيَطۡمَعَ ٱلَّذِي فِي قَلۡبِهِۦ مَرَضٞ
*Namni munaafiqaa kan dhukkubni dili`ii ,yookaa nifaaqaa,qalbii isaa keessa jiru, isin khajeelaa . odoo haadha orma islaamaa atanuu

وَقُلۡنَ قَوۡلٗا مَّعۡرُوفٗا ٣٢
**32}** * Jecha gaarii , kabajaan keessa Jirtu , kan dareemni keessan jirre.je'aa . hoggaa dhiira dubbiftan .

وَقَرۡنَ فِي بُيُوتِكُنَّ
*Mana keessan keessa taa'aa, haaja`aa malee , yookaa yoo cinqiin isin baafte malee, mana keessanii hin bayinaa .

وَلَا تَبَرَّجۡنَ تَبَرُّجَ ٱلۡجَٰهِلِيَّةِ ٱلۡأُولَىٰۖ
* Akka dhalaan odoo heerri islaamaa hin

---

dhufin ,qaama isi'irraa ,waan mul'isuun hin geenye, mul'iftutti, takkaa faaya isi'ii mul'iftee,dhiira duraa mul'atutti, alaga'atti hin mul'atinaa. { tabaruja} jechuun : faayatanii dhiira alaga'atti mul'atu'uu.

وَأَقِمْنَ ٱلصَّلَوٰةَ
*Salaata salaataa,

وَءَاتِينَ ٱلزَّكَوٰةَ
*Zakaa baafadhaa,

وَأَطِعْنَ ٱللَّهَ وَرَسُولَهُۥٓ
*Rabbiifii, rasuula isaa dhagayaa, waa hunda keessatti . waan Rabbiifii rasuulli je'urraa maquun, waan isiniin maluu miti

إِنَّمَا يُرِيدُ ٱللَّهُ لِيُذْهِبَ عَنكُمُ ٱلرِّجْسَ
*Inumaa wanni Rabbiin fedhu dilii , waan gurra isin cabsu,isinirraa deemsisu'uu

أَهْلَ ٱلْبَيْتِ
*Yaa warra nabii ,

وَيُطَهِّرَكُمْ تَطْهِيرًا ﴿٣٣﴾
**33}***Cubbuu hundarraa isin qulqulleessu'uu

وَٱذْكُرْنَ مَا يُتْلَىٰ فِى بُيُوتِكُنَّ
*Waan mana keessan keessatti qara'amu yaadadhaa, namallee yaadachiissaa

مِنْ ءَايَٰتِ ٱللَّهِ
*Aayata Rabbirraa, qur'aanaa isarraa yaadadhaa

وَٱلْحِكْمَةِ
*Sunnaa nabi Muhammad yaadadhaa,

إِنَّ ٱللَّهَ كَانَ لَطِيفًا
*Rabbiin kan waan dhokhatu hunda beekhu, kan hamtu fakkeesse toltuu namaa kennu,

خَبِيرًا ﴿٣٤﴾
**34}** *Kan waan uume hunda beekhu , kan waa hunda quba qabu

إِنَّ ٱلْمُسْلِمِينَ وَٱلْمُسْلِمَٰتِ
*Dhiiraa, dhalaan arkaana islaamatti dalagan shahaada lamaan qabatanii , salaatanii, soomananii . zakaa baafatanii, hajji yoo dandayan godhan.

وَٱلْمُؤْمِنِينَ وَٱلْمُؤْمِنَٰتِ
*Dhiiraa , dhalaan arkaana iimaanatti dalagan , Rabbi dhugo'oomsanii, malaaykaa Rabbii dhugo'oomsanii , kitaabban Rabbi buuse hunda dhugo'oomsanii ergamoota Rabbii hunda dhugo'oomsanii, guyyaa qiyaama'aa dhugo'oomsanii, waa hundi fedhii Rabbiitifii, beekkomsa isaatin taatii dhugo'oomsanii .

وَٱلْقَٰنِتِينَ وَٱلْقَٰنِتَٰتِ
*Warri ibaadaa Rabbii godhu , dhiiraa dhala'aan,

وَٱلصَّٰدِقِينَ وَٱلصَّٰدِقَٰتِ
*Warri dhuga'aan arnane, kan dhuga'aan dalagu takkaaje'u. dhiiraa dhala'aan,

وَٱلصَّٰبِرِينَ وَٱلصَّٰبِرَٰتِ
*Warri ibaadaa Rabbirratti obsu,kan waan Rabbiin jibburraa obsu , kan bala'arratti obsu , dhiiraa dhala'aan

وَٱلۡخَٰشِعِينَ وَٱلۡخَٰشِعَٰتِ
*Warri Rabbi soda'aaf isaa gad je'u , qalbiiifii humannalle'een, dhiirafii dhal a'aan,

وَٱلۡمُتَصَدِّقِينَ وَٱلۡمُتَصَدِّقَٰتِ
*Warri sadaqaa kennatu, dhiiraa ,dhala'aa

وَٱلصَّٰٓئِمِينَ وَٱلصَّٰٓئِمَٰتِ
*Warri soomana heddommeysu,

وَٱلۡحَٰفِظِينَ فُرُوجَهُمۡ وَٱلۡحَٰفِظَٰتِ
*Warri qaawa dhalaa yookaa dhalachaa haraamirraa eegu

وَٱلذَّٰكِرِينَ ٱللَّهَ كَثِيرٗا وَٱلذَّٰكِرَٰتِ
* Warri zikrii Rabbii heddommeysu ,

أَعَدَّ ٱللَّهُ لَهُم مَّغۡفِرَةٗ
*Rabbiin dhiirafii dhalaa, waan dubban ne dalageef araarama dili'ii baallama seenefii jira .

وَأَجۡرًا عَظِيمٗا ﴿٣٥﴾
35}*Ammas ibaadaa isaanirratti, sawaaba guddaa isaanii kennu'uuf if qabee jira .

وَمَا كَانَ لِمُؤۡمِنٖ وَلَا مُؤۡمِنَةٍ
*Mu'mintichaafii, mu'mintittiidhaf, hin taane,

إِذَا قَضَى ٱللَّهُ وَرَسُولُهُۥٓ أَمۡرًا
*Hoggaa Rabbiifii rasuulli isaa dubbii takka rnuranii, dabarsan ,

أَن يَكُونَ لَهُمُ ٱلۡخِيَرَةُ مِنۡ أَمۡرِهِمۡۗ
*Filannaan, mee af irraa laallanna jeche laallanna jechuun , dubbii dubbii isaanii keesatti , isaanif hin taatu , wanni isaanirraa jiru, dubbii Rabbiitifii rasuulaa qeebaluu, jaalatuu , wanni aayanni tun buutef: nabi Muhammaddu intala adaadaa isaa {zeynabaa jahgshii} khadhate, intala naa kennaa je'ee, obboleessa isi'irra barbaadee argadhu je'een, intaltinis jaalatte, wanni isaan yaadan, nabiin ifiif isii barbaadu'u. haa tayuu nabiin gabricha inni bilisoomsee, ilma god hate , kan zeydi je'amuuf kadhate, duuba san beynan , intalaafii , obboleessilleen if keessa deebi'anii , didan , zeynaba wanni jette an intala adaadaa teetitii , gosa qureyshi'iitii , gabricha kana hin heerumu jettee , isiin adii bareed duu,ammoo {zeydi} gabricha bilisoome guraacha.haa tayuu aayanni qur'aanaa buutee , waan nabi Muhammad je'e: namni mu'mina taye ta kkaa isiin mu'mina taate , diduu hin qaban, jennaan , eehamanii , zeydi gabrichi ataqame , zeynabaa qureeyshii , tuffiin isaa garaa isi'ii jirtu fuudhe.

وَمَن يَعۡصِ ٱللَّهَ وَرَسُولَهُۥ
*Namni Rabbiifii ergamaa isaa moromu,

فَقَدۡ ضَلَّ ضَلَٰلٗا مُّبِينٗا ﴿٣٦﴾
36} *Dhugumaan jail ina mulataa jallaate duub zeydii zeynaba galfatee, amata tokko

wajji taa'anii .eegasii wal diddaan jiddu'utti argamtee, tuffii isi'iitifii waan bir-aatif garaa irraa muratee ,dhufee nabi Muhammaditti himate , humaa wal dhabnee nan hiikha je'een .nabi Muhammad zeydii kana akka biratti jaalata , waan gaarii isaan jaalata. tanaaf jecha inni isii hiikhuu hin fedhu , ammoo zeydi hiikhu'uu murate. Rabbiin dubbii tanarraa nuu dubbatee akki je'e :

وَإِذۡ تَقُولُ لِلَّذِيٓ أَنۡعَمَ ٱللَّهُ عَلَيۡهِ
*Gaafa namichan an islaaman qananiisee,

وَأَنۡعَمۡتَ عَلَيۡهِ
*Kan ati isa bilisoomsu'uun, qananiiften jettu: dubbadhu wanni ati jettuun:

أَمۡسِكۡ عَلَيۡكَ زَوۡجَكَ
*Jaartii tee qabadhu.

وَٱتَّقِ ٱللَّهَ
*Rabbi sodaadhuu hin hiikhin.jettu

وَتُخۡفِي فِي نَفۡسِكَ
*Kan waan nuti si beysifne gara'atti qab-attee dhuysitu,

مَا ٱللَّهُ مُبۡدِيهِ
*Waan Rabbiin mul'isu'uu taa'u ,

وَتَخۡشَى ٱلنَّاسَ
* Ati namaatu waa naan je'aa sodaatta

وَٱللَّهُ أَحَقُّ أَن تَخۡشَىٰهُۖ
*Rabbi sodaatu'uutu, nama sodaatu'urra ha-qa .. wanni nabi Muhammad gara'atti dho-yfate, kan namatti hin himin, Rabbiitu nabi Muhammad, zeydi, jaartii isaa ni hiikaa, isiin booda, jaa rtii teetii beysise, nabiin odoo kana beekhuu hin hii-khin je'aan adabaaf ... ammoo wanni nabi Muhammad sodaate, namni Muha-mmad, intala, ilmi isaa hiikhi fuudhee je'anii odeessuu, wanni Rabbiin mul'is-u'uu taa'u, zeynaba jaartii nabii godhu' .waan san dhuysuun nabi Muhamm-adiif ni gaya Rabbiin odeessi hin jenneenii, yon feete himii yon feete dhoysi je'eenii, duuba zeydi hiiketi iddaan isi'ii dhumte, Rabbiin akki je'e:

فَلَمَّا قَضَىٰ زَيۡدٞ مِّنۡهَا وَطَرٗا
*Duuba hoggaa zeydi intala sanirraa hajaa exfia tee, garaa irraa muratee,hiikhu,

زَوَّجۡنَٰكَهَا
*Zeynaba sii heerumsiifne Isii namni nik-aahan goone Rabbumaatu nikaaha godhe, wanni Rabbiin, isii, sii, heerum siisefi,

لِكَيۡ لَا يَكُونَ عَلَى ٱلۡمُؤۡمِنِينَ حَرَجٞ
*Akka heera Rabbii,shari'aa isaa keessatti , rakkoon warra islaamatti hin argamneefi,

فِيٓ أَزۡوَٰجِ أَدۡعِيَآئِهِمۡ
*Beera namni isaan ilma Godhatanii ifiin yaaman, yookaa moggaafatan, hike , fuu-dhuu keessatti .

إِذَا قَضَوۡاْ مِنۡهُنَّ وَطَرٗاۚ
*Hoggaa isaan haajaa irraa bayanii hiikkan

وَكَانَ أَمۡرُ ٱللَّهِ مَفۡعُولٗا ٣٧
37} *Firdiin Rabbii,intala ttana fuudhu'utti, si ajajuun, isaa, moromee dabree jira

مَّا كَانَ عَلَى ٱلنَّبِيِّ مِنْ حَرَجٍ

*Nabiyyi'irra diliin { cubbuun } hin

فِيمَا فَرَضَ ٱللَّهُ لَهُۥ

*Waan Rabbiin halaala isaaf godhe keessatti , nabin , beera hedduu fuudhu'uun hin dilaayu , maalif nabi Muhammad dhala'aafii dhiiratti , waan namni alaa manatti itti haajamu barsi isu'uuf ergame , duuba odoo dhiirti qofti irraa barattee, wanni dhala'atti rarra'u heddu'uutu hafa , odoo jaartin takkittiin qofti irraa barateeyis waan hedduu dhaqqabatuu hin dandeenyetu jira , tanaaf jecha fuuni na bii, mana barmootaa , kan dhala'aafbaname , fuudhajaalala beeratii fuudhanii mitii, karaa beera isaanitiin, dhalaan islaamaa gaafas waa hed duu diin isaanirraa baratan .. odoo beerri isaanii kun jiraatuu baatee, waa heddu'uutu diin keenyarraa, nurraa ir'ata, tanaaf nabi Muhammad {cinaa diin keessanii kgaa'isha'arraa fudhaa nuun je'an} .akkasuma beera he dduu fuudhun , aada nabi Muhammad qofaaf , godhamtee miti

سُنَّةَ ٱللَّهِ فِي ٱلَّذِينَ خَلَوْاْ مِن قَبْلُۚ

*Sun aaduma Rabbiin, anbiyoota isaatii godhe kan hanga fedhan fuudhuu qaban akka dhalaa hedduu diin bar siisanii, isiin dhalaa biraa diin barsiiftuf jecha. nabi daawuud beera dhibba qabaatuu ture.ammoo ilmi isaa suleymaan beera dhiba sadii qabaatuu ture .

وَكَانَ أَمْرُ ٱللَّهِ قَدَرًا مَّقْدُورًا ﴿٣٨﴾

38} *Dalagaan Rabbii waan murame, kan firdiin isaa hin jirjiiramne .

ٱلَّذِينَ يُبَلِّغُونَ رِسَٰلَٰتِ ٱللَّهِ

*Anbiyoonni sun,warra ergaa Rabbii diin isaa , nama hundatti , dhala'aa dhiir atti geessu .

وَيَخْشَوْنَهُۥ

*Kan Rabbii isaanii qofa sodaatan .

وَلَا يَخْشَوْنَ أَحَدًا إِلَّا ٱللَّهَۗ

*Kan waan isaanii halaal godhame keessatti , Rabbi malee naman sodaanne kan namaatu waa nuun je'aadhaf , waan Rabbiin dalagaa je'een hin dhiifne .

وَكَفَىٰ بِٱللَّهِ حَسِيبًا ﴿٣٩﴾

39} *Rabbiin dalagaa khalqi'ii eegee, irraa gaafatu'uufni gaya .

مَّا كَانَ مُحَمَّدٌ أَبَآ أَحَدٍ مِّن رِّجَالِكُمْ

*Nabi Muhammad dhiira teessan takkalle'eefuu abbaa dhalee miti,ilmaan isaa sadeen {Qaasimiifii,AbduIlaahii, Ibraahiim} joolluma'atti du'anii,

وَلَٰكِن رَّسُولَ ٱللَّهِ

*Haa tayuu nabi Muhammad ergamaa Rabbiiti

وَخَاتَمَ ٱلنَّبِيِّـۧنَۗ

*Kan ergaan Rabbii tan aadamirraa kaate isarratti dhumte. tanaaf jecha ilmi dhiira

nabirraa hin hafne, silaa odoo hafee nabiyyii tayaa , akka irra hedduu anbiyoota duritti. Saba baan kanaa Rabbiitu akka nabi booda , nabiin biraa hin dhufne mure , silaa odoo nabiin biraa kan dhufu tayee , ilmaan isaati irraa hambisaa. akka anbiyoota duritti. tanaaf jecha namni eega nabi Muhammadii an nabiyyii ifiin je'u , takkaa eega nabi Muhammadii nabiin biraa , ha aroyni , shari'aa haarawaan ni dhufaa , yaadu , jallina keessa jira wanni Rabbiin .nabiyyii tokko booda , nabiyyii biraa erguuf nabiyyii duraati gosa takka qofatte, heera zaman a san gaxxamuun erge, takkaa waan na biyyiin duraa barsiisetu irraanfatame, kan nabiyyii biraa ergu'utti haaj amsiisu haarayoomsu'uuf yokaa bali'isu'uuf .
Ammoo nabi Muhammad gosa takka qofatti hin ergamne. heera zam ana tokkon qofatti gabaabbatuun hin ergamne. shari'aa isarraa waa takka hin irraanfatamne, wanni namni hundi hanga guyyaa qiyaama'atti itti haajamu, waa takka irraa hin ir'anne. tanaaf jecha, nabiyyiin haaroyni eega nabiitii dhufu'utti, haajan hin jirtu, na bi {kgiisan} gaafa bu'e heera islaamatiin dalaga,wanni aayanni tun buutef, yahuuda'aatu Muhammad intala ilmi isaa hiikhe fuudhee je'e, hoggaa san Rabbiin Muhammad abbaa zeyditii mitii, abbaa dhiira gurguddo'ootii mitii, ergamaa Rabbiitii , ammallee maayyii anbiyootati , je'e. akkana jechuun . odoodhan booddee anbiya'aa isa godhuu baadhee, ilma isa dhaalun isaaf godha jechuu Rabbiitu beekhaa,

| | |
|---|---|
| **40}** *Rabbiin kan waa hunda beekhu. | وَكَانَ ٱللَّهُ بِكُلِّ شَيۡءٍ عَلِيمٗا ﴿٤٠﴾ |
| *Yaa warra Rabbitti amane. | يَـٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ |
| **41}***Heddommeysa'aa Rabbii keessan Zakkaraa ,gosa zikri'ii hundaan, akka Rabbiin keessan is in zakkaru takkaa sawaaba isinii heddummeysu isin yaadatu . | ٱذۡكُرُواْ ٱللَّهَ ذِكۡرٗا كَثِيرٗا ﴿٤١﴾ |
| 42}*Rabbii keessan, waan isaan hin malleraa qulqulleessaa, ganamaafii galgala | وَسَبِّحُوهُ بُكۡرَةٗ وَأَصِيلًا ﴿٤٢﴾ |
| *Rabbiin keessan isa rahgmata isinii godhu | هُوَ ٱلَّذِي يُصَلِّي عَلَيۡكُمۡ |
| *Kan malaaykan isaa araara Rabbirra isinii barbaaddu | وَمَلَـٰٓئِكَتُهُۥ |
| * Akka dukkana kufri'irraa , ifa iimaanatti isin baasuf , isin jabeessuf | لِيُخۡرِجَكُم مِّنَ ٱلظُّلُمَٰتِ إِلَى ٱلنُّورِۚ |
| 43} *Rabbiin kan mu'minaaf rahgmata godhu | وَكَانَ بِٱلۡمُؤۡمِنِينَ رَحِيمٗا ﴿٤٣﴾ |
| *Salaamtan mu'minni Rabbirraa argatu. | تَحِيَّتُهُمۡ |

| | |
|---|---|
| *Guyyaa isa argan. hoggaa du'an takkaa hoggaa qabri'ii bayan, takkaa hoggaa jannata seenan , | يَوْمَ يَلْقَوْنَهُۥ |
| *Salaam jechu'u, mu'mina Rabbiin irratti salaammata, malaaykan irratti salaammatti , isaanilleen waJirratti saJaammatan . | سَلَٰمٌۚ |
| **44}***Rabbiin mu'minaaf, sawaaba gaarii qopheessee jira sun jannataa. | وَأَعَدَّ لَهُمْ أَجْرًا كَرِيمًا ﴿٤٤﴾ |
| *Yaa ergamaa keenya Muhammad akka warra itti ergemterratti ragaa baatufi si erg- | يَٰٓأَيُّهَا ٱلنَّبِيُّ إِنَّآ أَرْسَلْنَٰكَ شَٰهِدًا |

ine , dalagaa isaanii gaari'iifii hamtuu eeydee dalagaan ummataa gaafa jiruufii, eega amri'amanille'ee isaanirraa fidamtii, torbaanirraa guyyaa tokko. Duuba yoo dalagaan namaa kheyrii taate, galata Rabbiif galcha. yoo sharrii taate araara Rabbirraa barbaadaf, akkasuma guyyaa qiyaama'aa mu'minaaf ragaa bayaa, kaafirarratti ragaa baya, ragaan isaa Qeebalama'aa inni anbiya'aaf, akka waan ergamaniin ummatatti geessan raga Baya , ummata isaanitiif, Dhugo'oomsu'uufii, kijibsiisuu isaanitiin ragaa baya,

| | |
|---|---|
| *Sii nama si dhugo'oomse jannataan gammachiisu takkaa akka gammachiftuf si ergine . | وَمُبَشِّرًا |
| 45} *Akka nama si kijibsiise ibiddaan sodaachiftuuf | وَنَذِيرًا ﴿٤٥﴾ |
| *Kan karaa Rabbitti iznii isaatin nama yaamtu | وَدَاعِيًا إِلَى ٱللَّهِ بِإِذْنِهِۦ |
| 46} *Ifaa qajeello'oo si goo nee , ati akka adu'uutii mul'ata'aa, namni sin moromu. Ati ifa'a. kan dukkana kufri'ii keessaa bayaniin, nageenyi Rabbii hoggaa mara isarratti haa jiraatuu . | وَسِرَاجًا مُّنِيرًا ﴿٤٦﴾ |
| *Waan sifa shanan tanaan beekkamteef sun :{raga, gammachiissaa, sodachisaa ,yookaa dinniina, qajeelchaa, ifaa ibsaa} taatefwarra sitti amane gammachiisi , | وَبَشِّرِ ٱلْمُؤْمِنِينَ |
| 47}*Badhaasa ,yookaa kennaa guddoo Rabbi bira isaanii jirtuun sun :jannataa ,kan kan waan fedhan hunda keessatti argatan. | بِأَنَّ لَهُم مِّنَ ٱللَّهِ فَضْلًا كَبِيرًا ﴿٤٧﴾ |
| *Warra Rabbitti kafare .waan shari'aa teetin wal dhabu keessatti hin dhagayin | وَلَا تُطِعِ ٱلْكَٰفِرِينَ |

| | |
|---|---|
| *Warra munaafiqa je'amus hin dhagayin. isaan warra afaanin islaamaa, kan gara'aan kaafiraatii. | وَٱلۡمُنَٰفِقِينَ |
| *Roorroo isaan sitti roorrisan dhiisi akka isaan sitti balleessanitti haqa malee ittin roorrisin. hamtuun isaan dalagan, nama diinirraa dhoowwun isaanii sin yaachisin Rabbiitu sii tiysaa , | وَدَعۡ أَذَىٰهُمۡ |
| *Rabbitti irkadhu | وَتَوَكَّلۡ عَلَى ٱللَّهِۚ |
| 48}*Rabbiin nama isatti irkateef irkoo addunya'aa aakhira'aa tayu'uuf ni gayaa | وَكَفَىٰ بِٱللَّهِ وَكِيلٗا ﴿٤٨﴾ |
| *Yaa warra Rabbitti amane | يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوٓاْ |
| *Yoo dhalaa mu'minaa fuutan, yon kaa gulanteeffattan | إِذَا نَكَحۡتُمُ ٱلۡمُؤۡمِنَٰتِ |
| *Eegasii hiiytan | ثُمَّ طَلَّقۡتُمُوهُنَّ |
| *Odoo wajjin ratin, yookaa ittin ida' arnm , | مِن قَبۡلِ أَن تَمَسُّوهُنَّ |
| *Iddaan isin isi'irratti lakkaawwattan isi'irratti hin wajjabu yookaa ittin dirqamtuu | فَمَا لَكُمۡ عَلَيۡهِنَّ مِنۡ عِدَّةٖ تَعۡتَدُّونَهَاۖ |
| *Yoo mahriin isi'iif maqaan dhawamin | فَمَتِّعُوهُنَّ |

{mut'aa} kenna'aaf.{mut'aa} jechuun horii , isii, mahriin isi'ii hin dubbataminiif yookaa tan maqaa dhawiniif, tan odoo wajji hin ratin hiikkamtee kenamu. hanga dandeytii nama hiiketti. yoommoo isiin hoggaa nikaaha godhan mahrii maqaa dhawan odoo ittin senin, yookaa wajjin rafin, hiikkamte, isiin cinaa mahrii .maqaa dhawamee san fudhattii {mut'aa} hin qabdu,

| | |
|---|---|
| 49}*Beera hiiktan san haqa isiii kenna`a- | وَسَرِّحُوهُنَّ سَرَاحٗا جَمِيلٗا ﴿٤٩﴾ |

afii gad dhiisaa karaa gaari'iin.kan rakiftee qabdee horii hangana naa kenni , sin hiikkaa jetteenii , takkaa waan hamtu'uun isii dubbattee ,gurra isii capsu'uun male'etti nagayaan adda bayaa .

| | |
|---|---|
| *Yaa ergamaa kiyya Muhammad, nuti beera kee, | يَٰٓأَيُّهَا ٱلنَّبِيُّ إِنَّآ أَحۡلَلۡنَا لَكَ أَزۡوَٰجَكَ |
| *Kan mahrii isi'ii kennitee fuute, halaal sii goone. | ٱلَّٰتِيٓ ءَاتَيۡتَ أُجُورَهُنَّ |
| * Ammallee beera handhuraa keetii, | وَمَا مَلَكَتۡ يَمِينُكَ |

| | |
|---|---|
| مِمَّآ أَفَآءَ ٱللَّهُ عَلَيْكَ | *Kan Rabbiin kuffaararraa sii deebise isii boojiyu'uun, takka sgafiyya'aa, takka juweyriyya'aa. |
| وَبَنَاتِ عَمِّكَ | *Dubra adeera.wasiilaa, abbeera keetii, |
| وَبَنَاتِ عَمَّٰتِكَ | *Dubra adaadota keetii, , |
| وَبَنَاتِ خَالِكَ | *Dubra eesurna keetii, , |
| وَبَنَاتِ خَٰلَٰتِكَ | *Dubra indooyyota keetii, yookaa haboota keetii, |
| ٱلَّٰتِي هَاجَرْنَ مَعَكَ | *Tanneen makkarraa siin wajji madiina'atti godaante. halaal sii goone, |
| وَٱمْرَأَةً مُّؤْمِنَةً إِن وَهَبَتْ نَفْسَهَا لِلنَّبِيِّ | * Ammallee intala islaamaa takka, tan lubbuu isi'ii nabiif kennitee, |
| إِنْ أَرَادَ ٱلنَّبِيُّ أَن يَسْتَنكِحَهَا | *Yoo nabiyyii rnahriiin malee fuudhu fedhe akkasuma waliyyi'iifii, raga'aan male'etti |
| خَالِصَةً لَّكَ | *Mahrii rnalee if sii kenne, je'uudhan fuuni argamuun waliyyi'iifii raga'aan male'etti si qofaaf gaya,yaa ergamaa kiyya Muhammad. |
| مِن دُونِ ٱلْمُؤْمِنِينَ | *Nama sin tayin orma mu'minaatif hin gayu, |
| قَدْ عَلِمْنَا مَا فَرَضْنَا عَلَيْهِمْ فِيٓ أَزْوَٰجِهِمْ | *Orma mu'minaa ,waan beera isaanitiif |

isaanirratti wajjabsiifne, yookaa isaanitti murre, beyne, heerri fuudha isaanitiif keenya, nafaqaa yookaa qallaba isi'ii kennu'. mahrii, waliyyii, raga lama duratti, nikaaha hidhuu, beera afurirra dabarsuu dhabu,

| | |
|---|---|
| وَمَا مَلَكَتْ أَيْمَٰنُهُمْ | *Ammallee waan dhala'arraa hundhur eeffatan, halaal isaanii goone |
| لِكَيْلَا يَكُونَ عَلَيْكَ حَرَجٌ | *Wanni Rabbiin waan dubbanne si qofaa geessisteef akka ati waan fuudhaa keessatti hin rakkanneefi , |
| وَكَانَ ٱللَّهُ غَفُورًا رَّحِيمًا ﴿٥٠﴾ | **50}** *Rabbiin kan namaaf araaramee rahgmata namaaf godhu |
| ۞ تُرْجِي مَن تَشَآءُ مِنْهُنَّ | *Nama feete beera keetirraa qooda isi'ii booda aansita.isii bira buluu, isi'ii qooduu , dhiifta , itti dhaqu dhiifta , odoon hiiyne. |
| وَتُـْٔوِيٓ إِلَيْكَ مَن تَشَآءُ | *Ta feete beera keetirraa qooddefii bira bu- |

lta, akkana jechuun: beera keetifhalkan qoodun sirratti hin wajjabu, ta feetee qooddee, bira galtee, ta feete, qooda keessaa baaftee bira buluu dhiifta, ati waan dalagaan tee hedduu taatef, dubbii qoodaa keessatti filannaa qabda jechu'u .

وَمَنِ ٱبۡتَغَيۡتَ مِمَّنۡ عَزَلۡتَ *Isii qodarraa duraan baafte san ,yoo qoodatti deebiftee, isii bira buluu feete, deeffatuu ni qabda

فَلَا جُنَاحَ عَلَيۡكَ *Diliin qabdu, nabi Muhammad, gaafa duraa , halkan beera isaa bira bulu, qixatti isaan jiddu'utti qoodee bira bulu'utti dirqame, haa tayuu sun, hedduu isa rakkise, waan dalagaan isaa hedduu taatef, tanaaf Rabbiin, ba'aa san irraa buusee marxachiise, duuba beerri isaanii, kan duraan yon xiqquma, qooda isi'irraa booda aane hinaaftu, Rabbiin nabi Muhammad filachiifnan hinaafin irraa deemtee, yoo zamana dheeraa keessa guyyuma tokko argatte jaalatteeti gammaddi. tanaafjecha Rabbiin akki je'e :

ذَٰلِكَ *Qooda nabirratti wajjabsiisuu dhabee, akka fedhe dalaguu karaa isaa godhuun

أَدۡنَىٰٓ أَن تَقَرَّ أَعۡيُنُهُنَّ *Beerri isaa hundi jaalatu'utti , isaanii gad dhaabbatu'utti gammadu'utti dhiyaata,

وَلَا يَحۡزَنَّ *Kan hin dallanne, hin rifanne,

وَيَرۡضَيۡنَ بِمَآ ءَاتَيۡتَهُنَّ كُلُّهُنَّۚ *Sun waan ati isaanii kennite yookaa qoodde, aminfatanii jaalatu'utti dhiyaata, hundi isaanii maalif isaan hoggaa Rabbiin nuu qoodun nabirratti hin wajjabsiifnee beekanii ,eegasii nabiin tola oolefii, qoodef gammadaniiti aminfatan. Hundi isaanii , .

وَٱللَّهُ يَعۡلَمُ مَا فِي قُلُوبِكُمۡۚ *Rabbiin waan qalbii teessan keessa jiru ni beekha,dhalaa wal qixxeessu'uufii ,wal qixxeessuu dhabuu, jaalalaafii. Jibbansa, ni beekha, haa tayuu wanni wal qixxeessu'uufii, qixxeessuu dhabuu sitti irkifneef sii laaffisu'uufi, duuba nabi Muhammad, kanuma Rabbiin yoo fedhe wal qixxeessuu dhabuu karaa godheef, takkaa beera isaanii wal qixxeessuu hin oolle ,hanga tana bira bule, taan bira bulee, hanga tanatti seene, taanitti seenee tanaaf jecha irratti wajjabu'uutu irraa hafe malee itti dalaguun irraan hafne .

وَكَانَ ٱللَّهُ عَلِيمًا *Rabbiin kan haala waan uume beekhu,

حَلِيمٗا ٥١ **51}** *Kan obsa qabu kan daddafee gabroota isaa balleessaa isaanirratti isaan hin qixaan'e Rabbiin beera nabii kanneen akkasitti waan inni isaanitti mure jaalatanii, Rabbiifii rassuula isaa maraxatan yookaa filatan,saniif , galata galchu'uu jecha wanni nabi Muhammadiin je'e,

| | |
|---|---|
| *Yaa ergamaa kiyya eega beera kee sayIan si filate kanaatii.beera biraa fuudhuu hin qabdu. siifhin gayu. | لَّا يَحِلُّ لَكَ ٱلنِّسَآءُ مِنۢ بَعۡدُ |
| *Akkasuma beera say Ian kanarraa garii hiiytee bakka ta hiikkamtee , ta biraa fuutee, buusun siifhin gayu . | وَلَآ أَن تَبَدَّلَ بِهِنَّ مِنۡ أَزۡوَٰجٖ |
| *Odoo bareeduminni isi'ii , hangamuu si mararee. | وَلَوۡ أَعۡجَبَكَ حُسۡنُهُنَّ |
| *Yoo gabrittii tee taate male tan akka maariya'aa tan mootin misraa isaa ergetan ilma isaanii ibraahiim isaaf dhalte isii eegasii argatee. | إِلَّا مَا مَلَكَتۡ يَمِينُكَۗ |
| 52}*Rabbiin kan dalagaa teessan hunda eeguu, arguu, quba qabuu. irraa isin gaafataa beekhaa | وَكَانَ ٱللَّهُ عَلَىٰ كُلِّ شَيۡءٖ رَّقِيبٗا ﴿٥٢﴾ |
| *Yaa warra Rabbitti amane | يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ |
| *Mana nabii hin seeninaa haala tokkottillee | لَا تَدۡخُلُواْ بُيُوتَ ٱلنَّبِيِّ |
| *Yoo seenun isinii eehamame malee yaamamtanii, | إِلَّآ أَن يُؤۡذَنَ لَكُمۡ |
| *Nyaataf. gaafa nyaataf yaamamtan ni seentan. | إِلَىٰ طَعَامٍ |
| *lsinii hin eeyne . | غَيۡرَ نَٰظِرِينَ |
| *Nyaanni bilchaatuu. maalifnama gariidhatu iznii malee mana nabii seenee, taa'ee nyaanni bilchaatuu eega. | إِنَىٰهُ |
| *Haa tayuu yoo yaamamtanii,seenaa isiniin je'ame, seenaa, nyaadhaa, | وَلَٰكِنۡ إِذَا دُعِيتُمۡ فَٱدۡخُلُواْ |
| *Hoggaa nyaattan hin tattaa'ina'aa, | فَإِذَا طَعِمۡتُمۡ |
| *Baya'aa yaa'aa, | فَٱنتَشِرُواْ |
| *Haasawa walii dhaggeeffatu'uuf, bakka itti nyaattan hin taa'inaa, | وَلَا مُسۡتَـٔۡنِسِينَ لِحَدِيثٍۚ |
| *Teessumti teessan,tan eega nyaattanii haasawaaf mana nabii teessan sun, | إِنَّ ذَٰلِكُمۡ |
| *Nabi Muhammad ni dhiba itti ulfaata, | كَانَ يُؤۡذِي ٱلنَّبِيَّ |

| | |
|---|---|
| *Haa tayuu isin baasu'us, ka'aa yaa'aa isiniin je'us, ni qaanfata . | فَيَسْتَحْيِۦ مِنكُمْ |
| *Rabbiin haqarraa hin qaanfatu, isin baasuu hin dhiisu, heera islaamaa buusee, isinii ibsee, | وَٱللَّهُ لَا يَسْتَحْيِۦ مِنَ ٱلْحَقِّ |
| *Beera nabii hoggaa waa gaafatuu feetan, | وَإِذَا سَأَلْتُمُوهُنَّ مَتَٰعًا |
| *Girdoo duuban gaafadhaa | فَسْـَٔلُوهُنَّ مِن وَرَآءِ حِجَابٍ |
| *Santu qalbii teessaniifii ta isaanirraa yaada hamaa qulqulleessee fageessaa, | ذَٰلِكُمْ أَطْهَرُ لِقُلُوبِكُمْ وَقُلُوبِهِنَّ |
| *Karaa tokkolle'een nabi miidhun isiniif hin gayu, | وَمَا كَانَ لَكُمْ أَن تُؤْذُوا۟ رَسُولَ ٱللَّهِ |
| *Beera isaanitis,eega isaanitii fuudhuu zalaalarnii hin qabdan isiin akka haadhatii . nabiin akka abba'aatii. | وَلَآ أَن تَنكِحُوٓا۟ أَزْوَٰجَهُۥ مِنۢ بَعْدِهِۦٓ أَبَدًا |
| *Nabi Muhammad miidhu'uufii.beera isaanii fuudhun | إِنَّ ذَٰلِكُمْ |
| **53}** *Rabbi biratti dilii,yookaa cubbuu guddo'o. | كَانَ عِندَ ٱللَّهِ عَظِيمًا ﴿٥٣﴾ |
| *Yoonif mul'iftanii waa dalaydan, | إِن تُبْدُوا۟ شَيْـًٔا |
| *Takkaa dhoysitanii gara'atti qabattan . | أَوْ تُخْفُوهُ |
| 54} *Rabbiin kan waa hunda beekhuu irraa isin gaafataa beekhaa . | فَإِنَّ ٱللَّهَ كَانَ بِكُلِّ شَىْءٍ عَلِيمًا ﴿٥٤﴾ |
| *Rakkoo yookaa dilii hin qabdu | لَّا جُنَاحَ عَلَيْهِنَّ |
| *Abbootin beera nabii yoo girdoo malee isii dubbifte, | فِىٓ ءَابَآئِهِنَّ |
| *Takkaa ilmaan isaanii, | وَلَآ أَبْنَآئِهِنَّ |
| *Takkaa obboleeyyan isaanii kan dhiiraa | وَلَآ إِخْوَٰنِهِنَّ |
| *Takkaa i1maan obboleeyyan dhiiraa | وَلَآ أَبْنَآءِ إِخْوَٰنِهِنَّ |
| *Takkaa ilmaan obboleeyyan dhala'aa , | وَلَآ أَبْنَآءِ أَخَوَٰتِهِنَّ |
| *Takkaa beerri islaamaa , yoo beera nabii girdoo malee dubbise, diliin qabu | وَلَا نِسَآئِهِنَّ |
| *Takkaa gabroonni isi'ii, girdoo malee yoo dubbise, humaan qabu, | وَلَا مَا مَلَكَتْ أَيْمَٰنُهُنَّ |

وَٱتَّقِينَ ٱللَّهَۚ

*Rabbi sodaadhaa, waan itti ajajamtan dalagaa beerra nabii,akkasuma beerri biraa ta ballaghde hundi, uffata heeraa uffattee Rabbi haa sodaattuu. akka maratti

إِنَّ ٱللَّهَ كَانَ عَلَىٰ كُلِّ شَيۡءٖ شَهِيدًا ٥٥

55}*Rabbiin kan waa hunda argee beekhuu ,waa takka isarraan dhukhatuu, hamtuu taatuu toltuu taatuu.

إِنَّ ٱللَّهَ وَمَلَٰٓئِكَتَهُۥ يُصَلُّونَ عَلَى ٱلنَّبِيِّۚ

*Rabbiifii"malaaykan isaa, nabirratti salaata buusanii,

يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ صَلُّواْ عَلَيۡهِ وَسَلِّمُواْ تَسۡلِيمًا ٥٦

56}*Yaa warra Rabbitti amane isinis na birratti rahgmataa fii nagaya buusuu heddommeysaa {allaahumma sgalli wasallim kgaeyhi je'aadhaa, Rabbiin nabirratti salaata buusun, rahgmata isaa godhee , isa guddisuu rahgmanni Rabbiin nabirratti buusu , waan addaan hin cinne . Ammoo rahgmanni malaaykan nabirratti buuftu , yaa Rabbi rahgmata nabiif godhi jettee , du'aa'ii isaaf gootee istighfaara yookaa araara nabiif Rabbirraa barbaadu', ammoo salawaanni mu'rninni nabirratti buusu , makgnaan isaa: ifii rahgmata qabaatanii nabirratti hin buusanii yaa Rabbii keenya nagayaafii , rahgmata kee , nabiyyicha kee , kan isa, nuu ergitee, karaa kee nu qajeelchiterratti buusi , jechu'u , wanni mu'minni Rabbirra rahgmata isaa nabiif, barbaaduf nabiitu haqa isaanirraa qaba jecha'uufi, nabiyyiin rahgmata mu'minaati, isaa je'eeti Rabbiin mu'minaaf rahgmata godha , nama hoggaa takka nabirratti nagaya buuse , Rabbiin hoggaa kudhan irratti buusa , nama hoggaa du'aa'ii godhatu'uu ka'e bakka ifii du'aa'ii godhatu , rahgmata nabirratti buuse, Rab-biin waan addunya'aafii aakhira'arraa itti yaaddayu,isaaf kenna, salaata kgalannabiin, irra caalaa ibaada'aati, ibaadan Rabbiin ifii dalagu , tan malaaykan dalaydu , tan mu'mina itti ajaje salaata kgalannabiidha , nabi Muhammad nageenyi isarratti haa jiraatuu , nama rahgmata isar ratti buuse, maqaa isaatifii kan abbaa isallee beekhee , hoggasuma irra tti deebisa , ulamaan eega nabirratti salawaata buusun waajiba jechu'urratti walii galee, hanga wajjabuufii, bakka itti wajjaburratti wal dhaban. imaamul shaafi'iin halkanii guyyaa keessaa, hoggaa shan salawaata irratti buusuu je'a, sun salaata fardgi'ii hunda, tashahhuda boodaa keessatti je'a, gariin ulama'aa umrii keessaa hoggaa takka je'a, gariin isaanii tee ssuma hunda keessatti je'a, gariin hoggaa maqaan isa-anii dhawame hunda je'a, gariin ulama'aa hangana jechuun male'etti heddommeessuu je'a . nabi Muhammad wanni je'e: namni guyyaa qiyaama'aa isinirraa akkaan natti dhiyaatu nama salaata narratti buusuu irra heddommeysu keessattuu guyyaa jumkgaadhaa,walii galatti salaata alanabiin, darajaa guddoo ibaadaa hunda keessaa qaba, waan hogguma san nabitti geefTam uuf jecha, inni maqbuuli .. namni bakhiila yookaa dooyn'a je'arnu nama hoggaa

maqaa nabi Muhammad dhagaye rahgmata irratti hin buufne, jarri sheenayu: jara bakka takka wajji taa'ee,odoo nabirratti rahgmata hin buusin ,addaanyaa'u, namni du'aa'in isaa hin qeebalamne : nama du 'aa'ii godhatee nabirratti aalii isaanirratti rahgmata hin buusini, namni salaata alanabii dhiisu,nama haqa Rabbii kan nabi Muhammad balleesse, faa'idaan salaat alanabii afurtamii oli. itti jabaadhaa ni milkooytanii.

| | |
|---|---|
| *Warra Rabbitti balleessu ,waan isaan hin malleen isa wassafu'uun, shariika qaba , ilmoo qaba akka namatti deemee taa'a jechu'uun. | إِنَّ ٱلَّذِينَ يُؤْذُونَ ٱللَّهَ |
| * Ammallee warra ergamaa Rabbitti balleessu, waan inni je'u qeebaluu didanii isa kijibsiisu'uun , | وَرَسُولَهُۥ |
| *Rabbiin addunya'aa aakhira'atti, rahgmata isarraa isaan fageesse. | لَعَنَهُمُ ٱللَّهُ فِى ٱلدُّنْيَا وَٱلْءَاخِرَةِ |
| 57} *Rabbiin azaaba isaan xiqqeessu aakhira'atti isaanii qopheesse . | وَأَعَدَّ لَهُمْ عَذَابًا مُّهِينًا ﴿٥٧﴾ |
| *Warri dhiira islaamatti rorrisu | وَٱلَّذِينَ يُؤْذُونَ ٱلْمُؤْمِنِينَ |
| *Warri dhala islaamatti rorrisu | وَٱلْمُؤْمِنَٰتِ |
| *Waan isaan hin dalagin irra kaayanii , | بِغَيْرِ مَا ٱكْتَسَبُوا۟ |
| *Dhugumaan kijiba hamaa lubbuu ifii ba'achiisan, qixaaxa kijibaa rnudachiisanii | فَقَدِ ٱحْتَمَلُوا۟ بُهْتَٰنًا |
| 58} *Dhugumaan dilii mul'attuu ba'atan. | وَإِثْمًا مُّبِينًا ﴿٥٨﴾ |
| *Yaa ergamaa kiyya Muhammad, | يَٰٓأَيُّهَا ٱلنَّبِىُّ |
| *Beera keetifii, dubra keetin | قُل لِّأَزْوَٰجِكَ وَبَنَاتِكَ |
| *Ammallee beera yookaa dhalaa islaamatiin akki jettu , takkaa je'i : | وَنِسَآءِ ٱلْمُؤْمِنِينَ |
| *Fooxaa teessan guftaa gubba'aan hagooggadhaa, | يُدْنِينَ عَلَيْهِنَّ مِن جَلَٰبِيبِهِنَّ |
| * Akkasitti if hagoogu'uutu | ذَٰلِكَ |
| * Akka isiin nama gurra ifii eeggatu , tan | أَدْنَىٰٓ أَن يُعْرَفْنَ |

sharmuuxa hin tayin tayuu beysisu'utti dhiyaataa.takkaa santu akka isiin bilisa taate ,akka gabra hin tayin beysisu'utti dhiyaataa,maalif zamana san bakkeen itti gad taa'an mana keessa, takkaa maddii, hin jirtuu, beerri halkan ga-

ndarraa bayanii,haajaa bayanii, deebi'an. duuba dardarri munaafiqaa, beera haaja'aa bayu kana,kara'atti eeganii ,khotaasiisan. duuba maalif beera khota-asiif tan jennaanin, nuti beera bilisaatii mitii ,gabroota dubbifne.je'an, hoggaa san aayanni buutee dhalaan bilisaa, mata'aafii fuularra fooxaa haa kaayattuu jette. akka isiin beekkamtee, gabraan adda baatuf,

فَلَا يُؤْذَيْنَ
* Akka hin kotaasifamne. takkaa muna afiqni isiin tuyn'e, yookaa hin miine

وَكَانَ ٱللَّهُ غَفُورًا رَّحِيمًا ﴿٥٩﴾
59} *Rabbiin kan namaa araaramee rahgmata namaa godhu, kan waan san duraa isaanii araaramu, yookaa dhiisu .

۞ لَّئِن لَّمْ يَنتَهِ ٱلْمُنَٰفِقُونَ
*Munaafiqoonni,warri afaanin islaamaa, kan gara'aan kaafiraa ,yoo nifaaqafii, sharmuuxummaa dhiisuu baatan .

وَٱلَّذِينَ فِى قُلُوبِهِم مَّرَضٌ
*Warri dhukkubni zina'aa qalbii isaanii keessa j iru ,yoo zinaa ammallee beera khotaatisuu dhiisuu baatan ,

وَٱلْمُرْجِفُونَ فِى ٱلْمَدِينَةِ
*Ammallee warri dubbii khijibaa madiinaa

---

keessa oofee mu'mina qalbii cabsee rifchiisu,diinni isinitti dhufe, ashkarri islaamaa, kan bakka abaluu jiru,takkaa biyya abalutti duule, dhume, je'anii kijiba odeessanii, jarri kun yoo dubbii tana dhiisuu baatan.

لَنُغْرِيَنَّكَ بِهِمْ
* Jarra sanitti si dirreeti irratti si moosifnee, majlisa keetii,bakka teessanii, if biraa kaaftee baafta .

ثُمَّ لَا يُجَاوِرُونَكَ فِيهَآ إِلَّا قَلِيلًا ﴿٦٠﴾
60}*Eegasii madiinaa keekeessa ormi munaafiqaa waa xiqqo malee, si wajjiin hin taa'an madiina'arraa baafamanii .

مَّلْعُونِينَ
*Isaanii rahgmata Rabbirraa darbamu

أَيْنَمَا ثُقِفُوٓا۟
* Jarri sun bakkuma argaman hundatti, ,

أُخِذُوا۟
*Qabamanii, fuudhamanii,

وَقُتِّلُوا۟ تَقْتِيلًا ﴿٦١﴾
**61}** * Ajjeefaman, jara san bakka gartan itti qaba'aa ajjeessaa , jechuu

سُنَّةَ ٱللَّهِ
*Munaafiqni ummata tokko keessatti argamuun, aadaa Rabbiin dabarse,

| | |
|---|---|
| *Tan ummata isin dura dabre keessatti argamte munaafiqni ummata dur keessatti argamee anbiyoota azaa godhe, qabameeti ajjeefame atis qabii ajjeessi, kun karaa Rabbiitii, | فِي ٱلَّذِينَ خَلَوۡاْ مِن قَبۡلُۖ |
| 62} *Sunnaan yookaa aadan Rabbii tun jirjiiramtuu .tan jirjiiramtuu abadurna hin agartuu | وَلَن تَجِدَ لِسُنَّةِ ٱللَّهِ تَبۡدِيلٗا ٦٢ |
| *Warri makkaa kuffaarri si gaafata qishna'aaf jecha , | يَسۡـَٔلُكَ ٱلنَّاسُ |
| *Qiyaama'arraa si gaafatan , yoom taati je'anii?, | عَنِ ٱلسَّاعَةِۖ |
| *Wanni jettuun : gaafa qiyaaman dhaabbattu beekkun, Rabbi birajirti,ji'iin, | قُلۡ إِنَّمَا عِلۡمُهَا عِندَ ٱللَّهِۚ |
| *Maaltu si beysisee si gaafatan? ati hin beytu jechu' . | وَمَا يُدۡرِيكَ |
| 63}*Wanni isaanin jettu: wannin kajeelu qiyaaman dhiyo'otti tayuu. | لَعَلَّ ٱلسَّاعَةَ تَكُونُ قَرِيبًا ٦٣ |
| *Rabbiin kaafira rahgmata isarraa darbee ,fageessee jira | إِنَّ ٱللَّهَ لَعَنَ ٱلۡكَٰفِرِينَ |
| **64}** * Azaaba isaan laalessu jabaa isaanii qopheessee jira | وَأَعَدَّ لَهُمۡ سَعِيرًا ٦٤ |
| *Kan azaaba ibiddaa san keessa zalaalamii taa'an, | خَٰلِدِينَ فِيهَآ أَبَدٗاۖ |
| *Nama ibidda sanirraa isaan tiysu hin argatan, | لَّا يَجِدُونَ وَلِيّٗا |
| 65} *Nama isaanii tum see isaanirraa deebisu hin argatan | وَلَا نَصِيرٗا ٦٥ يَوۡمَ |
| *Guyyaa fuulJi isaanii ibidda keessa gara gaggalfamu. | تُقَلَّبُ وُجُوهُهُمۡ فِي ٱلنَّارِ |
| *Yaa sheenaa teenya je'an . | يَقُولُونَ يَٰلَيۡتَنَآ |
| *Oduma Rabbi dhageenyee, | أَطَعۡنَا ٱللَّهَ |
| 66} *Rasuula isaatis dhageenyee amannee azaaba kana jalaa baanee je'anii sheenayanii | وَأَطَعۡنَا ٱلرَّسُولَا۠ ٦٦ |

وَقَالُوا *Ammas akki je'an: warri xixiqqaan,

رَبَّنَا إِنَّا أَطَعْنَا سَادَتَنَا *Yaa Rabbii keenya gooftotaa keenya dhageenyeti kafarree,

وَكُبَرَاءَنَا *Ammallee matoota keenya gurguddaa dhageenyeti

فَأَضَلُّونَا السَّبِيلَا ﴿٦٧﴾ 67} *Karaa haqarraa nu jalJisanii,

رَبَّنَا آتِهِمْ ضِعْفَيْنِ مِنَ الْعَذَابِ *Yaa Rabbii keenya: azaaba dachaa godhii kenniifi, kan azaaba keenyatti har ka lama deebi'u,waan jalJatanii, nama jalJisaniif,

وَالْعَنْهُمْ لَعْنًا كَبِيرًا ﴿٦٨﴾ 68}*Azaaba guddaa yookkaa hedduuisaan azaabni isaan qixaaxi rahgmatarraafageessi

يَا أَيُّهَا الَّذِينَ آمَنُوا *Yaa warra Rabbitti amane,

لَا تَكُونُوا كَالَّذِينَ آذَوْا مُوسَىٰ *Akka jara ummata muusaarraa, nabi muusaa cinqe hin tayinaa, akka isaanitti nabii keessan hin cinqinaa, wanni jarri sun nabiyyii isaanii muusa'aan jere : muusan wanni qullaa nu wajjiin akka keenyatti laga bu'ee hin dhiqanneef cidhaan guddataa sanirraa qaanfata je'an, duuba gaaf tokko nabi muusan dhiqatu'uuf kopha isaa laga bu'ee,huccuu baafatee dhagaa tokkorra kaayee, dhiqatu'utti seene, duuba isaa dhiqatu'utti jiru, dhagaan ka'ee huccuu muusa'aatin du raa fiige. hoggaa san muusan ka'ee jala ceye, dhagaa huccuu tiyya, dhagaa huccuu tiyya, je'aadhaa, hanga ummata rnuusa'aa kan bayee bakka takka taa'u biraan gayetti. kan ummanni, muusaa qullaa dhagaa jala ceyu argu, duuba dhagaan dhaabbatee, ummanni akka muusan dhukkuba tokko hin qabne, akka wanni duraan seyan kijiba taate arganii, muusan huccuu ifii uffatee dhagaa san hoggaa jaha, yookaa torba dhayee, dirmarnrneesse,

فَبَرَّأَهُ اللَّهُ مِمَّا قَالُوا *Akkasitti Rabbiin nabi muusaa,waan ummanni isaa isaan arrabserraa qulqulleesse,

وَكَانَ عِنْدَ اللَّهِ وَجِيهًا ﴿٦٩﴾ 69} *Nabi muusan.narna Rabbi biratti kabajaa qabu .

يَا أَيُّهَا الَّذِينَ آمَنُوا *Yaa warra Rabbitti amane

اتَّقُوا اللَّهَ وَقُولُوا قَوْلًا سَدِيدًا ﴿٧٠﴾ 70}*Rabbi sodaadha'aa jecha gaarii, dhugaaje'aa.

يُصْلِحْ لَكُمْ أَعْمَالَكُمْ *Dalagaa teessan isiniif tolchaa, isinirraa qeebalaa, isinirraa jaalataa.

*Dilii teessan isiniif araaramaa , وَيَغۡفِرۡ لَكُمۡ ذُنُوبَكُمۡۗ

*Namni Rabbiifii, rasuula isaa , itti amanee waan nabi, Rabbirraa fide mara, qeebalee jala deeme. وَمَن يُطِعِ ٱللَّهَ وَرَسُولَهُۥ

**71}** *Dhugumaan milkii guddoo milkaaye. waan fedhu hunda argatee. فَقَدۡ فَازَ فَوۡزًا عَظِيمًا ٧١

*Nuti amaanaa finnee jirra. إِنَّا عَرَضۡنَا ٱلۡأَمَانَةَ

*Samii torbaniifii,dachi'iifii ,gaaroti'irra عَلَى ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضِ وَٱلۡجِبَالِ

finne, amaanaa ba'aattan moo, takkayuu isinirran kaayamoo, nama birarran kaaya, je'eenii jennaanin yaa Rabbi: amaanaa keessa maaltu jira.Jennaanin: yoo dhaabbattaniin sawaaba,yoo balleessitan qixaaxa, je'een, jennaanin yaa Rabbi, nuti waan ati feete dalaynaa, waan nu uurntef hojjannaa, sawaabafii qixaaxallee hin feenuu, waa ba'atuu hin dandeenyuu nu maari je'aniin .

* Amaanaa ba'atuu didan hin dhaabbann`- فَأَبَيۡنَ أَن يَحۡمِلۡنَهَا

uun jecha'aaf waan amaanan waan jabduu akkaan eegun barbaadamu taatef. duuba Rabbiin duraanuu, ba'atu'uufii, ba'atuu dhabuu jidduu filachiisee, ittin giddine yookaa hin dirqinee silaa odoo itti dirqee diduu hin dandeessuu irraa dhiise ... amaanan sun waan Rabbiin dalagu'utti nama ajajeefii waan inni irraa nama dhoowwe .

*Dachi'iifii ,sami'iifii ,gaarotiin, humna guddoo qabniin wajji amaanaa qeebaluu sodaatan وَأَشۡفَقۡنَ مِنۡهَا

*Ammoo namni itti finnaan numa qeebale .namni amaanaa ba'atuu dandeessaa je'aneenii tole je'ee ba'ate aadami . وَحَمَلَهَا ٱلۡإِنسَٰنُۖ

*Inni waan hin dandeenye ba'atuudhan, akkaan if miidhe, إِنَّهُۥ كَانَ ظَلُومًا

72}*Inni waan dubbiin booda tayuuu جَهُولًا ٧٢

---

teessu ,hin beekhu. silaa odoo beekhee, hin ba'atuu. amaanan waan jabdu'u, kan namni isii jabeesse sawaaba guddaa argatu, kan namni isii balleesse qixaaxa guddaa mudatu, tanaaf jecha Rabbiin akki jere:

*Wanni rabbiin amaanaanamarra kaayef munaafiqootafii,munaafiqootittii warra afaanin islaamaa kan garaaan kaafiraa qixaaxu'uufi waan amaanaa balleessaniif . لِّيُعَذِّبَ ٱللَّهُ ٱلۡمُنَٰفِقِينَ وَٱلۡمُنَٰفِقَٰتِ

وَٱلْمُشْرِكِينَ وَٱلْمُشْرِكَٰتِ

*Ammallee warra keessafii gubba'aan Rabbitti kafare waan Rabbin tayin nama faa jinnii faa mukafaa gabbaru'uun Rabbi moromee amaanaa balleesse qixaaxu'uuf .

وَيَتُوبَ ٱللَّهُ عَلَى ٱلْمُؤْمِنِينَ وَٱلْمُؤْمِنَٰتِ

*Akka warra Rabbitti amane kan amaanaa tiyseef rahgmata godhuufjecha

وَكَانَ ٱللَّهُ غَفُورًا

*Rabbiin kan mu`minaaf araaramu

رَّحِيمًا ﴿٧٣﴾

73}*Kan rahgmata isaanii godhu